## Galmeewwan EI Kaa'amuu fi Balleeffamuu

Dhiyeessaan tajaajila EI keessan galmee EI mucaa keessanii hamma waggaa saglaffaa isaatti tursuutu irraa eegama. Mucaan keessan waggaa sagal yommuu guututti galmeewwan kun akka balleeffaman yoo gaafattaniin alatti dhiyeessaan tajaajila EI galmeewwan EI mucaa keessanii kana caalaa tursuu danda'a.

EI galmeewwan dhaabbataa maqaa mucaa keessanii, guyyaa dhalootaa, odeffannoo quunnamtii keessanii, maqaa qindeessaa fi dhiyeessaa tajaajila EI maatii keessanii wajjin hojjetanii akkasumas odeeffannoo yeroo itti tajaajilli dhaabbatee ( baraa fi umurii itti tajaajilli dhaabbate, akkasumas sagantaa erga tajaajilli dhaabbatee itti seename kamuu) daangaa yeroo malee hamma dhumaatti qabachuu danda'a.

Qajeelfama dabalataa waa'ee mirga galmee EI mucaa keessanii irratti qabdaniif DCY ei@childrenandyouth.ohio.gov irratti quunnamaa.
FERPA ilaalchisuun qajeelfama dabalataaf Waajjira Komii Maatii (Family Compliance Office) Mummee Barnootaa U.S. (U.S. Department of Education) 202-260-3887 irratti quunnamaa.

## Waldhabdee Furuu

EI keessatti waa'ee waanta tokkoo irratti yoo walii galtee dhabuun jiraate, mala ittiin hiiktan hedduutu jira. Malli inni salphaa fi ariifataan karaa qindeessaa tajaajila EI yookaan hojigeggeessaa waliigaltee EI biyya keessanii sagantaa EI naannoo keessanii wajjin hojjechuun walii galuu dhabuu keessaniif furmaata barbaaduu dha.

Odeeffannoon quunnamtii qindeessaa tajaajila EI keessanii Waraqaa barraaffama kan irra jira Waa'ee geggeessitoota sagantaa EI naannoo keessanii irratti odeeffannoo argachuuf marsariitii EI irraa ilaalaa: ohioearlyintervention.org.

Yoo sagantaa EI naannoo keessanii wajjin furmaata irra gahuuf hojjechuu hin barbaanne, Hojjettoota EI DCY ei@childrenandyouth.ohio.gov irratti quunnamaa.

DYC'f himannaa keesssan galchuu ni dandeessu akkasumas mummichi himannaa keessan akka qoratu, giddu seentummaan akka furu yookaan dhaddachatti dhiyeessu gaafachuu dandeessu. Himannaan keessan barreeffamaanii fi kan mallatteeffamee ta'uu qaba. Ibsa wanta uumamee fi seera yookaan mirga irra darbame of keessatti haammachuu qaba.

Himannaan kan ergamuu qabu:

Ohio Early Intervention
Ohio Department of Children and Youth
P.O.Box 183204
Columbus, Ohio 43218

## Qorannaa (Investigation)

DCY himannaa keesssan akka qoratu yoo barbaaddan, mummici isinii fi dhiyeessaa EI keessan irraa odeeffanno nii gaafata, Odeeffannoowwan murteessoo irra deebiin ilaala, akkasumas guyyaa 60 keessatti waa'ee sarbama seera EI yookaan mirga keessanii murtoo barreeffamaa isa dhumaa ni dabarsa. Murtoon inni dhumaas rakkoo jiru sirreessuuf wanta DCY'n godhee fi gochuuf jedhu gadi fageenyaan of keessatti haammata.

## Giddu Seentummaa

Giddu seentummaan fedha keessanii fi Dhiyeessaa EI keessan irratti hundaa'a. Yoo isin giddu seentummaa fayyadamuu barbaaddanii fi Dhiyeessaan EI keessan irratti waliigale, DCY adeemsa kana akka geggeessuuf giddu seenaa gahumsa qabuu fi loogii hin qabne isiniif qopheessa. DCY baasii giddu seenaa nii kaffala, akkasumas giddu seentummaan kan geggeeffamau bakkaa fi yeroo hirmaattota lamaaniif mijataa ta'eeni dha.

## Dhaddachatti Dhiyaachuu

Dhaddachi adeemsa caalaatti haala idilee ta'een geggeeffamu dha. Abukaatoo bakka isiniif bu'u qacarachuu dandeessu, garuu kun dirqama miti. Adeemsa dhaddachaa keessatti, hojjetaan adeemsa dhaddachaa himannaa kana ilaaluun, hirmaattota lamaan dhaggeffachuun, odeeffannoo dabalataa ilaaluun guyyoota 30 himannaa kana fudhate gidduutti murtii barreeffamaa kenna. DCY baasii hojjetaa dhaddachaa nii kaffala akkasumas dhaddachi bakkaa fi yeroo hirmaattota lamaaniif mijatutti ta'uu qaba.

Waa'ee IDEA fi seera isteetii sagantaa EI caalaatti beekuuf ohioearlyintervention.org/federal-and-state-regulations ilaalaa.

**Qindeessaa Tajaajila EI koo:**

**Odeeffannoo quunnamtii:**

Department of Children & Youth

Mike DeWine, Governor
Isteetii Ohio

Kara B. Wente, Qindeessaa
Department of Children and Youth
(Rev. 07/2024)

Dhaabbanni kun carraa walqixxee dhiyeessa akkasumas qacara.



# Mirgoota Maatii

Department of Children & Youth

Help Me Grow Early Intervention

## Seensa

Maatiin daa'ima Early Intervention (EI) keessa jiruu, Gocha Barnootaa Nama Miidhama Qaamaa Qabuu ( Individuals with Disabilities Education Act (IDEA)) jalatti mirgaa fi eegumsa hedduu qabu.

Mummeen Daa'immanii fi Dargaggootaa Ohio (The Ohio Department of Children and Youth (DCY)) fi miiltoowwan isaa naannoo wajjin sirna EI Ohio uumu akkasumas mirgaa fi eegumsa kana hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu. Yoo mucaan keessan EI'f ulaagaa kan hin guutne ta'ellee baay'een isaanii hojiirra ni oolu

Barreeffamni kun odeffannoo waa'ee mirgaa fi eegumsa kanaa maatii keessaniif dhiyeessa akkasumas yoo EI keessatti waliigaltee dhabuun jiraate maal akka godhamu ibsa. Unki EI keessatti fayyadamame waa'ee mirgaa fi eegumsa kanaa gadi fageenyaan ibsa. Dabalataanis, qindeessaan tajaajila EI keessan isiniif ibsa akkasumas gaaffii qabaachu dandeessan kamuu isiniif deebisa.

## Hubachiisa Dursaan Kennamuu fi Hayyama Kennu

Waa'ee dalagaa muraasaa EI irraa isiniif tasifamuu odeeffannoon dursee barreeffamaan isin qaqqaba. Kunis " Hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamu" jedhama. Hubachiisni dursaan kennamu waa'ee gocha tokko irratti hirmaachuuf barbarbaaduu keessan murteessuuf yeroo isiniif kenna. Dalagaa sana battalumatti eegaluu yoo barbaaddan, turtii gidduu jiru haquu dandeessu. Erga dalagaa tokko irratti hirmaachuuf murteessitanii, eyyema keessan barreeffamaan kennitu.

Eeyyamni kun " Hayyama Kennuu" jedhama. Hayyamni keessan feda keessan irratti kan hundaa'ee fi yeroo kamittuu haqamuu danda'a. Sirni EI hayyama keessan kennuun dura gaaffii waa'ee dalagaa sanaa qabdan hundumaaf deebii argachue keessan nii mirkaneessa. Maaloo gaaffii yoo qabaattan Qindeessaa Tajaajila EI Keessan Yookaan nama isin wajjin hojjetu gaafadhaa. Hubachiisni barreeffamaa dursaan kennamuu fi Hayyamni kan hojiirra oolu

- Sakatta'iinsa guddinaa;
- Qorannoo daa'imaa;
- Gamaaggama daa'imaa fi maatii;
- Ulaagaa guutuu adda baasuu; fi
- Jalqabbii yookaan jijjiirraa tajaajila Individualized Family Service Plan (IFSP) keessanii.

Yeroo tajaajilli IFSP keessan keessatti haammatame xumuramu yookaan EI keessaa baafamtan hubachiisni barreeffamaa dursee kennamu isin qaqqaba.

Haalonni tokko tokko hubachiisa barreeffamaa dursaan kennamu of keessatti hin qabatani. Osoo sirni EI dalagaawwan murtaa'an hin xumuriin hayyama kennuun garuu barbaachisaa dha.

Sirni EI Hayyama keessan dursaan fudhachuu kan qabu:

- Yommuu odeeffannoo waa'ee maatii keessanii sirna EI ala nama jiruuf qoodu, ispeeshaalistii daa'immanii keessan dabalatee;
- Walga'ii karoora ce'umsaa geggeessuuf; yookaan
- Kaffaltii tajaajila EIf inshuraansii mootummaa yookaan dhuunfaa keessan fayyadamuuf.

Mucaan keessan ulaagaa kan guutu ta'uu beekuuf qorannoon akka barbaachisaa ta'ee fi tajaajila EI argachuun dura gamaaggamni daa'imaa barbaachisaa akka ta'e beekuun murteessaa dha. Yoo qorannoo fi gamaaggama mucaa keessan irraa eegamuuf hayyame kennuu diddan, mucaan keessan sirna EI'tiin tajaajilamuu hin danda'u.

## Galmeewwan EI fi Odeeffannoo iccitii

Sirni EI odeeffannoo waa'ee keessanii fi mucaa keessanii waan qabuuf, galmeewwan sirna EI keessatti kuufaman ilaalchisee mirga qabdu. Galmeewwan kenneen galmee EI mucaa keessanii ilaalamu akkasumas odeeffannoo waa'ee qorannoo fi gamaaggamaa, odeeffannoo meedikaalaa waa'ee ulaagaa EI guutuu, tajaajila IFSP keessanii, galagalchii yookaan orijinaala unka EI isin guuttanii fi mallatteessitanii, fii Kuusaa quunnamtii isinii fi dhiyeessaa EI keessan gidduu jiru of keessatti haammata.

Galmeewwan EI maatii keessanii ilaalchisee mirgoota baay'ee qabdu. Mirgootni kunis:

- Galagalchii galmee EI mucaa keessanii gaafachuu;
- Guyyoota hojii 10 gaaffii keessan dhiyeessitan gidduutti galmee EI mucaa keessanii irra deebiin ilaaluu:
- Bakka bu'aa galmee EI mucaa keessanii isiniif ilaalu qabaachuu;
- Ibsaa fi hiikkaa galmee EI mucaa keessanii argachuu;
- Tarreeffama gosaa fi argama galmee Ei funaaname, kuufamee yookaan fayyadamame qabaachuu
- Dhiyeessaan tajaajila EI keessan galmee EI mucaa keessanii akka fooyyessu gaafachuu; fi
- yoo dhiyeessaan keessan galmee EI daa'ima keessanii dide, dhaddachatti dhiyeessuu

Galagalchii ulaagaa guutuu guyyaa 5 keessattii fi IFSP ammoo erga walga'iin IFSP geggeeffamee guyyaa 10 keessatti baasii tokko malee nii fudhattu. Galmee EI keessan fudhachuuf baasii hin baastan, ha ta'u malee, hamma mirga galmeewwan sana ilaaluu keessanii hin sarbinetti, dhiyeessaan keessan galmeewwan EI isiniif qopheesseef isin kaffalchiisuu danda'a.

Odeeffannoon galmeewwan EI keessan keessa jiran amala iccitii waan aqabaniif, namoonni sirna EI keessa hojjetan odeeffannoo sana arguu danda'an iccitiitti eeguu qabu. Ejensiiwwan galmeewwan EI maatii keessanii kuusan, tarreeffama gosaa fi argama galmeewwan EI funaananii fi kuusan qabaachuu qabu. a Namoonni sirna Ei keessa jiran galmeewwan EI keessan argachuu danda'an odeeffannoo dhuunfaa ( personally identifiable information (PII)) namoota sirna EI keessa jiran qofaa fi hamma tajaajila EI dhiyeessuuf insaan gargaaru qofa qooduu qabu. PII'n keessan sirna EI alatti akka qoodamu yoo barbaaddan, hayyama kennuu qabdu.

Ha ta'u malee, Family Educational Rights and Privacy Act of 1974 (FERPA) dhiyeessaan tajaajila EI haala tokko tokko keessatti hayyama keessaniin ala PII qooduu danda'a. Kunis:

- Beeksisa IDEA distiriikti mana barumsaa naannoo keessanii fi ejensii barnootaa isteetiidhaan barbaadamu. kunis odeeffannoo quunnamtii keessanii, maqaa mucaa keessanii fi guyyaa dhalootaa mucaa keessaniitti kan daangeeffame ta'a.
- dhaabbattoota ejensii barnootaa bakka bu'uun qorannoo geggeessan, sababoota kan akka qormaata tilmaamaa qopheessuu, mirkaneessuuf hojiirra oolchuu, sagantaa gargaarsa barattootaa hojiirra oolchuu yookaan ajaja fooyyessuu;
- qaama yookaan nama To'ataa Waliigalaa Yunaayitid Isteetsiidhaan ( Comptroller General of the United States) muudame, Abbaa Alangaa Walii galaa Yunaayitid Isteetsii (Attorney General of the United States), Barreessaa olaanaa Barnootaa, yookaan sagantaa barnootaa federaalaa yookaan isteetsiin walqabatuuf ulaagaa guutuuf odiitii, qorannaa, seera eeguu fi dalagaawwan seeraa kabachiisuuf abbaa taayitaa barnootaa naannoo fi isteetsii hojjetu
- hojjetaan dhimmaa ejensii yookaan bakka bu'aa ejensii fayyummaa daa'immanii naanoo yookaan isteetii kan itti gaafatamummaa seeraa eegumsa daa'imaa qabu; fi
- mana murtiif yommuu waamichi seera qabeessi yookaan ajajn abbaa seeraa dabarfamu

Yeroo namni sirna EI ala ta'e galmee EI argatu, ejensichi eenyu, yoomii fi sababa maaliitiif galmee sana akka argate galmeessuu qaba.